

Qoqqobbiin Tasmania's laaffatee jira. Maal beekuun qaba?

COVID-19. Waliin dalaguudhaan Tasmaniyanotni hundi karaa itti dhibeen dadabraa coronavirus hawaasa keenya keessa hin tamsaane xiqqeessuu irratti gargaaranii jiran. Eeggannoo balaa dhibee COVID-19 kara nageenya qabuun akka itti qabuun danda'amuun gaggeessuu itti fufuu Tasmania ni barbaachisa



Bakka wal gahamutti nageenya eeggachuun

COVID-19 qaamaan wal tuxuqaa namoota waliin tahuun dadabra. Walitti qabamni (gartuu namootaa) kam illee yookaan bakka kamitti illee kanneen itti aanan eeggachuun barbaachisaa dha:

- namoota gidduu wal irraa hiiqa meetirii 1.5 eeggachuu
- qulqullina harkaa
- eeggannoo qufaa fi haxxissoo (respiratory hygiene) (ciqilee yookaan tishuu keessatti haxxifadhu yookaan qufa'i, erga qufaatee yookaan haxxifattee booda harka kee qulqulleessadhu)
- yero yerootti naannoo qulqulleessuu fi uluu (disinfection).

Bilbila harkaa kee irratti COVIDSafe gadi buusatuudhaan kanneen tuxuqaa dhibee dhukubaa qabaatuun irratti mirkanaawe hordofuu akka dandeessu gorsi siif dabree jira.

Lubbuuf tika godhchuu fi Tasmania daandii dandamannaa irratti eeguuf namni hundi waan qajeelaa dalaguu itti fufuu qaba:



Yeroo ala bahan qaamaan wal irraa fagaatuu



Yeroo hunda harka dhiqatuu



Yoo si dhukube mana turuu



Yoo mallattoo utaalloo yookaan difkaakaa (flue symptoms) kam illee qabaatte laalamuu



Yeroo ammaa qoqqobbiin bakka jiru maal akka tahe adda baasatuu

Namootni dhibeef saaxilamoo tahan fayyuummaa isaanii tiksachuuf mana turuu akka itti fufan jajjabeessamu, yeroo ala bahanis eeggannoo dabalaa godhatuu akka qaban gorsamu.

Gorsi kun kan ilaallatu:

- Namoota Aboriginal fi Torres Strait Islander kan umriin isaanii 50 fi sanaa ol tahe yookaan dhibee dhukubaa tutturaa (chronic) tahe kan qaban
- Namoota umriin isaanii 65 fi sanaa ol tahe kan dhibee dhukubaa tutturaa (chronic) tahe qaban
- Namoota hunda umriin isaanii 70 fi sanaa ol tahe
- Namoota qaamni isaanii dhibee dhukubaa dandamatuu hin dandeenye
- Namoota qaam-dhibamoo tahan, yoo gorsa wal'aansa fayyaa argattee jirta tahe.

Kana jechuun namootni qaam-dhibamoo tahan mana irraa deemuu hin danda'an yookaan nama kan biro dubbisuu deemuu hin danda'an jechuu miti.

Garuu ammo namootni rakkoo fayyaa akkasii qaban balaa dhibee dhukubaaf saaxilamoo waan tahaniif keessummoota dhukubsatan, ijoolota tarii wal irraa hiiqa qaamaa gahaatti hubatuu hin dandeenye dabalee eeggannoo dabalaa godhatuu isaan barbaachisa.

Namoota kaan irraa wal irraa hiiqa meetirii 1.5 maaliif barbaachisa dha?

Qaamaan wal irraa hiiquu itti fufuun dhibee daddabraa COVID-19 dhorkuuf ittisa jabaa tahuun beekamee jira. Wal irraa hiiqni qaamaa. Yeroo bakka nageenya qabuu fi hojii irra oolchuun siif mijjatutti sii fi namoota kan biro gidduu wal irra fageenya meetirii 1.5 gadi hin taane eeggachuu itti fufuu qabda.

Walitti qabamii fi baay'inni walitti qabamuu danda'anis hangami.

Bakki daldalaa, manni itti walitti qabamaa fi bakki dalagaa tarkaanfii balaa dhibee dhukuba COVID-19 hir'isuuf gargaaru bakkatti eeguu itti fufu hordofuu qabu.

Qoqqobbiin baay'ina namoota alatti bakka tokkotti walitti qabamuu danda'anii yeroo ammaa hanga namoota 1000 ti. Mana keessatti bakka addaan hiramee yookaan qoqqodamee (undivided indoor space) hanga namoota 250 ti.

Lakoysi namoota mana sana keessatti wal gahanii (hagni itti dabalammuu danda'an) hanga manni sun qabatuu yookaan fudhatuuf hayyamu irratti hundaawa. Namoota lama gidduu wal irraa fageenya isquare meetirii 2 wal irraa hiiquu qaban.

Baay'inni namootaa kan yoo lakoysa manni sun fudhatuu danda'uu gadi tahe lakoysa hanga irra xiqqaa argametu fudhatama.

Bakka isportii fi bashannanaa kan qaamaan walitti bu'anii leenjisan, wal dorgommii qaamaan walitti bu'uu qabu (kan qaamaan walitti bu'uu fi walitti bu'uu hin qabne) fi bakki itti jijjiiratan fi kutaan waliin qooddatan hundi hayyamamaa dha.

Mana keetti

Manatti wal gahuu - godoos dabalee – yeroo tokkotti hanga namoota 100tti murtwee jira. Kunis jiraattota manicha keessaa lakoysa keessatti hin dabalaman. Yoo si dhukube nama kan biroo dubbisuu deemuu yookaan namni kan biroon dhufee si dubbisuu hin qabdan.